# سُورَةُ الجِنِّ
# Suuraa Jinni`ii

قبل كل شئ هذه هي سورة الجن

*Dura dursoo suuran tun suuratuljinni} je'amti

وهي سورة مكية

*lsiin suuraa makkaati

وآياتها ( ٢٨ ) آية

* Aayaanni isiidhaa diiddamii saddeeti {28}

وترتيبها ( ٧٢ )

*Lakkooysi isi'ii torbaatamii tokko {72}

نزلت بعد سورة الأعراف

*lsiin eega suuran akgraafbuutee buute

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii rahgmata qabuutii.

قُلْ

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad wanni ummata keetin jettu,

أُوحِيَ إِلَيَّ أَنَّهُ اسْتَمَعَ نَفَرٌ مِّنَ الْجِنِّ

*Rabbiin wanni naa odeesse , takkaa na beysise, jarri jinni'ii tokko,anaa salaata subhi'ii keessatti qur'aana qara'u, qaraatii tiyya dhaggeeffatan jechu', bakka xaa'ifiifii makka jidduu jirtu, tan {BaxninnakhIi} je'amtutti,

فَقَالُوا إِنَّا سَمِعْنَا قُرْآنًا عَجَبًا (١)

1} *Ormi jinni'ii eega qur'aana dhagayee

---

wanni orma isaanii, kan jinni'itti, deebi'aniije'aniin,qur'aana ajaa'iba qabu kan ma'naa bal'atu'uufii mi'aayu'uufii,dhugaa dubbatuu keessatti, wanni isa fakkaatu hin jirre dhageenye.

يَهْدِي إِلَى الرُّشْدِ

*Qur'aana haqatti nama qajeeIchu, dhageenye,

فَآمَنَّا بِهِ

*Duuba nuti ormi jinni'ii qur'aana sanitti amanne,

وَلَن نُّشْرِكَ بِرَبِّنَا أَحَدًا (٢)

2}*Nuti ar'a booda, Rabbii keenyaf shariika hin goonu .isatti waan biraa hin qindeessinu, waa takka isatti hin fakkeessinu

وَأَنَّهُ تَعَالَىٰ جَدُّ رَبِّنَا

*Guddinni Rabbii keenyaa ol taye, waan isaan hin malle hundarraa guddatee, {jaddu} jechuun ;guddina jechu' ,

مَا اتَّخَذَ صَاحِبَةً

*Jaartii hin qabu,

وَلَا وَلَدًا ﴿٣﴾ 3}*I1mallee hin qabu.

وَأَنَّهُۥ كَانَ يَقُولُ سَفِيهُنَا عَلَى ٱللَّهِ *Wallaalan keenya,

شَطَطًا ﴿٤﴾ **4}***hij iba rabbirra kaayuu ture rabbiin ja-

arti'iifii ilmoo qaba je'ee, kan Rabbiin jaarti'iifii ilmoodharraa dureessa tayee jiru.maalif jaarti'iifii ilmoo wanni itti haajamaniif, haa haajaa nu baaftu'uufi, in Rabbiin dureessa waa takkatti hin haajamne.

وَأَنَّا ظَنَنَّآ أَن لَّن تَقُولَ ٱلْإِنسُ وَٱلْجِنُّ عَلَى ٱللَّهِ كَذِبًا ﴿٥﴾ 5}*Nuti ormi jinni'ii wanni seene ,akka

jinni'iifii ,namni, khijiba Rabbirra hin keenye .jaartiiifii ilmoo qaba je`anii haa tayuu wanni ifa nuu baye, akka isaan khijiba, Rabbirra khaayan waan isaan hin malleen isa maqaa dhawu'uun

وَأَنَّهُۥ كَانَ رِجَالٌ مِّنَ ٱلْإِنسِ *Ammas ilmaan namarraa, takkaa dhiira isaanirraa, jara hoggaa biyya jinniin jirtu qubatan,

يَعُوذُونَ بِرِجَالٍ مِّنَ ٱلْجِنِّ *Dhiira jinni'ii gurguddo'otti magantaa

galtuutu jira, akka jinnii xixiqqo'orraa isaan eeganiif,arabni **wanni** dalaguu ture yoo odoo yaa'anuu bulchaa bakka takka qubatan, bakka nama sodachiftu, wanni je'an; yaa mootii jinni'ii, kan bakka tanaa nuti sitti dheysinee, akka jinniin si jaalatti bultu nun tuyn'e, takkaa nun in nu godhi je'aniin,

فَزَادُوهُمْ رَهَقًا ﴿٦﴾ 6}*duuba .dhiirti ,namaa, rabbi dhiiftee

balaa, Jinni'irraa, jinni'itti , maganfatuun .jinni ,mirqaansee,si edaa ,akkuma jinnii moonu, namallee moonaa? Edaa tanaaf nutti dheysanii? Je'anii kufrii ida'atanii, Rabbi irraanfatan {rahaqan} jechuun: kufrii ida'atan jechu'.

وَأَنَّهُمْ ظَنُّوا۟ كَمَا ظَنَنتُمْ *Orrni kuffaaraa, kan jinni'ii , wanni seye, akkuma isin kuffaarri namaa seetan,

أَن لَّن يَبْعَثَ ٱللَّهُ أَحَدًا ﴿٧﴾ 7}*Kan Rabbiin nam tokkollee qabriii

hin kaafne , haa tayuu uffaarri jinni'ii, hoggaa qur'aana dhagayan qajeelaniiti akka Rabbiin nama du'e kaasu hubatanii,isin kuffaarri namaa maalif hoggaa qur'aana dhageessan akka isaanitti qajeeltanii, Rabbiin guyyaa qiyaama'aa nama du'e jiraachiseeti kaasaa yaaddanii, waan Rabbiin je'u hin dhageenye?

وَأَنَّا لَمَسْنَا ٱلسَّمَآءَ *Ammas ormi jinni'ii wanni je'e: nuti samii Geenyee, waan warri sami'ii je'u, akka duritti dhagayuu barbaanne , takkaa

feeneti,

فَوَجَدْنَٰهَا مُلِئَتْ حَرَسًا شَدِيدًا

*Haa tayuu samii malaaykan guuttee . eeydu agarre

وَشُهُبًا ﴿٨﴾

8}*Ammallee samii belbela lbiddaa kan nama nurraa isi'itti ol dhiyaate gubu, gutamte agarre.

وَأَنَّا كُنَّا نَقْعُدُ مِنْهَا مَقَٰعِدَ لِلسَّمْعِ

*Nuti odoo Muhammad hin ergamin dura sami'irraa bakka takka teenyeti waan warri sami'ii malaaykan jettu dhaggeeffannee,waan dhageenye warra lafaa kan in laalutti odeessuu turre ,waan akkanaatu argamu'uu taa'a jennee,

فَمَن يَسْتَمِعِ ٱلْءَانَ يَجِدْ لَهُۥ شِهَابًا رَّصَدًا ﴿٩﴾

9}*Ammoo amma eega Nabi mohammed ergamee namni nurraa akka duritti waa dhageeffatu'uuf sami'itti ol dhiyaatu , belbela isa gubu kan isa gubu'uu qopheeffame argaa, nu orma jinni'irraa namni sami'itti ol dhiyaatuu dandayu hin jiru, {shuhuban} jechuun: belbela kan nuti urjii ceetu jennuuni jechu', haa tayuu urjiin wa an ceetuu belbela isi'irraa ka'uutu, jinni ,yookaa sheyxaana jala ceyee guba ,{rasgadaa} jechuun : kan sanii quphaaye jechu', yookaa kan isaan eegee gubu jechu'.

وَأَنَّا لَا نَدْرِىٓ أَشَرٌّ أُرِيدَ بِمَن فِى ٱلْأَرْضِ أَمْ أَرَادَ بِهِمْ رَبُّهُمْ رَشَدًا ﴿١٠﴾

**10}** *Nuti ,ormi jinni'ii, Rabbiin waan, hamtuu, warra .dachi'itti ,buusu'uuf, sami'irraa .nu,dhoowwemoo, waan gaarii warra dachi'iitin fedhu'uuf irraa nu dhoowwee hin beynu. Haa tayuu odoo waan Rabbiin malaaykaa dhaabee ibidda qopheysee, sami'irraa nu dhoowwef baru'uu olii gad yaanuu, nabi muhammed isaa salaata subhii dhaa keessatti qur'aana qara'u ashaabaa isaatin wajji agarree qur'aa na dhageenyee akka Rabbiin isa ergu'uun warra dachi'iitif sharri'ii mitii, khayrii fedhe beynee islaamoyne, takkaayuu amanne.

وَأَنَّا مِنَّا ٱلصَّٰلِحُونَ

*Nuti orma jinni'irraa, nama Iimaanni isaa akkaan guutu'uutu jira,dalagaa gaarii heddommeysu'uun,

وَمِنَّا دُونَ ذَٰلِكَ

*Ammallee nurraa nama dalagaa gaarii xiqqeessu'uun,iimaanni isaa akkaan guutuu hin tayiniitu jira,

كُنَّا طَرَآئِقَ قِدَدًا ﴿١١﴾

11}*Nuti ormi inni'ii,karaa adda addatti qoodamnee jirra.gariin keenya gaari'ii,gariin keenya hama'aa ,{qidadaa} jechuun :qoodamu', yookaa hiramu' jechu'.

وَأَنَّا ظَنَنَّآ أَن لَّن نُّعۡجِزَ ٱللَّهَ فِي ٱلۡأَرۡضِ

*nuti ,wanni, beyne ,takkaayu Hubanne , akka nuti lafa tanarratti Rabbi harkaan baane,akka nuti irree isaa keessa jirru, kan isa dadhabsiisuu hin dandeenye,

وَلَن نُّعۡجِزَهُۥ هَرَبٗا ﴿١٢﴾

12}*Ammallee wanni nuti hubanne, akka dheeysinee qixaaxa Rabbii jalaa hin bane akka karaa tokkolle'een isa dadhabsiisuu hin dandeenye.

وَأَنَّا لَمَّا سَمِعۡنَا ٱلۡهُدَىٰٓ ءَامَنَّا بِهِۦۖ

*nuti, ormijinni'ii ,hoggaa, qur'aana Nabi Muhammad irraa,dhageenyu ,dhugo'oomsineeti nama inni irratti bu'eefii, nama qur'aana kana buusetti amanne,

فَمَن يُؤۡمِنۢ بِرَبِّهِۦ فَلَا يَخَافُ بَخۡسٗا

*namni,qur'aana,dhugo'oomsee, rabbiifii ergamaa isaa muhammaditti arnane , sawaaba waan gaarii inni dalageetu duraa ir'ataa hin sodaatu, waan gaarii addunya'arratti dalage hundarratti, xiqqaattuu ,guddattuu, sawaaba guutuu argataa,

وَلَا رَهَقٗا ﴿١٣﴾

13}*ammallee dilii,takkaa waan hamtuu inni hin dalagintu irra kaayarnee qixaaxamaa hin sodaatu namuu waanuma ifii dalagerraa gaafatama malee, waan inni hin dalaginirraa hin gaafatamuu {bakhsan}jechuun: ir'u jechu',{rahaqaa} jechuun; roorro' jechuu.

وَأَنَّا مِنَّا ٱلۡمُسۡلِمُونَ

*Nuti ormi jinni'ii,eega qur' aanni bu'ee, bakka lamatti adda bane maalif nurraa nama qur'aana dhugo'oomsee Rabbitti amaneetu jira,

وَمِنَّا ٱلۡقَٰسِطُونَۖ

*Ammallee nurraa nama quraana dhugo'oomsuu didee,Rabbitti kafareetu jira, akkuma i1maan namaa warra amaneefii ,warra kafare qaban, nuti ormi jinni'ii kaafiraafii mu'mina qabna,

---

فَمَنۡ أَسۡلَمَ فَأُوْلَٰٓئِكَ تَحَرَّوۡاْ رَشَدٗا ﴿١٤﴾

14}*Duuba namni Rabbitti amanee Rasuula isaa Muhammad jala deeme dhugumaan karaa qajeelaa maraxate,karaa addunya'aa aakhiraa isaaf tolu.

وَأَمَّا ٱلۡقَٰسِطُونَ

* Ammoo namni Rabbitti amanuu didee, karaa haqarraa baye,

فَكَانُوا۟ لِجَهَنَّمَ حَطَبًا ﴿١٥﴾
15}*Dhugumaan qoraan ibiddaa taye, guyyaa qiyaama'aa isaanin ibiddi jahannam bobeeffama, maalif gaafas qoraan ibiddaa namaafii dhaga'aa.

وَأَلَّوِ ٱسْتَقَـٰمُوا۟ عَلَى ٱلطَّرِيقَةِ
*Ormi islaamaa.takkaa kaafirri,odoo dhuga'aan amanee, karaa Rabbii qabatanii qajeelanii,

لَأَسْقَيْنَـٰهُم مَّآءً غَدَقًا ﴿١٦﴾
16}*Silaa rooba isaanii heddommeysineeti , addunyaa tanarratti isaanitti bal'ifna, {ghadaqan} jechuun: hedduu jechu'.

لِّنَفْتِنَهُمْ فِيهِ
*Waan isaanii kenninee,isaanitti bal'ifnesaniin, isaan mokkoru'uu jecha, waanin isaanii kennerratti galata naa galchaniiti iimaana ida'atan moo,lakkii quufaniiti karaa kiyyarraa bayanii kufrii ida'atanii laalu 'uu jecha,

وَمَن يُعْرِضْ عَن ذِكْرِ رَبِّهِۦ
*Namni ibaadaa Rabbirraa gara,galee zikrii isaa dhiisee itti kafare

يَسْلُكْهُ عَذَابًا صَعَدًا ﴿١٧﴾
17}*rabbiin ,azaaba jabaa isa, seensisa {sakgadaa}, jechuun: azaaba hara baafatuun keessan jirre jechu', qaalichi{ kgikrimaa} je'amu tokko akki je'e ; ma'naan {sakgadaa} jechu'uu dhagaa siidaa ,mucucaataa,kan azaaba keessa jiru koree isarr aa ibiddatti mucucaatu'utti giddama, kan hogguma takka haran baafanne.

وَأَنَّ ٱلْمَسَـٰجِدَ لِلَّهِ فَلَا تَدْعُوا۟ مَعَ ٱللَّهِ أَحَدًا ﴿١٨﴾
18}*Masjinni hundi bakka ibaadaa Rabbiitii, masjida,keessatti nama rabbiin tayin hin ibaadinaa wanni rabbiin aayata tana buusef yahuuda'aafii nasaara'aatu kaniisaa isaanii keessatti,waan akka suuraa namaa faa,Rabbitti qindeessanii, Rabbiin wajji ibaadanii, tanaaf Rabbiin orrna islaamatiin akka yahuuda'aafii nasaara'aan tayina'aa, tokkummaa Rabbii keessanii yaadaa je'een , takkaa
**ma'naan isaa,** sujuunni Rabbumaafii isuma qofa, kan sujuudaniifii, waan biraatii hin sujuudinaa,takkaa gad hin je'inaa jechu'.

وَأَنَّهُۥ لَمَّا قَامَ عَبْدُ ٱللَّهِ يَدْعُوهُ كَادُوا۟ يَكُونُونَ عَلَيْهِ لِبَدًا ﴿١٩﴾
19}*Ormi jinniidha,hoggaa Nabi Muhammadii dhaabbatee qur'aana qara`ee salaatu argan dhufaniiti quraana dhaggeeffatu`uu jecha, irratti tuuchanii irratti wal darbuu gayan, eenyutu irra itti aanee akkaan qur'aana dhagaya'aaf,ormi kuffaaraa Nabi Muhammadiin diin kee dhiisii sanamanu wajji ibaadi, waan ati jettu siif goonaa si dhageenyaa, si bira dhaabbannaajennaan, Rabbiin wanni isaan je'e,

قُلۡ إِنَّمَآ أَدۡعُواْ رَبِّي وَلَآ أُشۡرِكُ بِهِۦٓ أَحَدٗا ٢٠

20}Orma kuffaaratiin akki jettu; an, rabbi , kiyya, tokkichan,ibaada, yookaa guddisa , an waa takkallee isatti hin qinde essu ,mukaan, namaan, jinni'iin Rabbi hin je'u, Rabbiin kiyya kan fakkaataa hin qabne je'iini je'e.

قُلۡ إِنِّي لَآ أَمۡلِكُ لَكُمۡ ضَرّٗا وَلَا رَشَدٗا ٢١

21}* Ammas orma kuffaaratiin akki jettu an isin miidhu'uufii isin fayyadullee harkaan qabu,kan san harkaa qabu Rabbii tokkicha ,isaatu waa Hunda uumee, gaari'iifii hamtulleen harka isaati jirti

قُلۡ إِنِّي لَن يُجِيرَنِي مِنَ ٱللَّهِ أَحَدٞ

*Ammas akki jettuun; an yoon Rabbitti balleyse namni azaaba Rabbii jalaa na baasuu dandayu hin jiru,

وَلَنۡ أَجِدَ مِن دُونِهِۦ مُلۡتَحَدًا ٢٢

22}* An Rabbii achitti naman itti irkadhu hin argadhuu, mee akkamittan, yaa warra Rabbitti kafare, Rabbii kiyya dhiisee waan isin jettan dhagaya?

إِلَّا بَلَٰغٗا مِّنَ ٱللَّهِ وَرِسَٰلَٰتِهِۦۚ

*An wanni jaalala Rabbii naa fidee azaaba Rabbii jalaa na baasu waan Rabbiin naan je'e, waan inni narratti buuse hunda gabroottan isatti geessu'u, kanin waa ittin idaane, kanin irraan ir'ifne, kanin karaa isarraa hin mayn'e,

وَمَن يَعۡصِ ٱللَّهَ وَرَسُولَهُۥ فَإِنَّ لَهُۥ نَارَ جَهَنَّمَ خَٰلِدِينَ فِيهَآ أَبَدًا ٢٣

*Namni Rabbiifii, Rasuula isatti balleysu, kan karaa Rabbirraa maqu,

حَتَّىٰٓ إِذَا رَأَوۡاْ مَا يُوعَدُونَ

*Ormi kuffaaraa, gaafa azaaba isaanif qopheeffame ijaan arge,

فَسَيَعۡلَمُونَ مَنۡ أَضۡعَفُ نَاصِرٗا وَأَقَلُّ عَدَدٗا ٢٤

24}*Nama tumsi isaa irra laafa'aatifii kan, tumsi , isaa irra jaba'aa beekuuuf taa`an ammallee Nama ashkarri isaa irra xiqqa'aatifii, kan ashkarri isaa irra heddu'uu beekhu'uuf jiraatan,orma kuffaarati moo,onna islaamatii?,wanni mam-an qabne , takkaa shakkii hin qabne, warra Rabbitti amaneetu tumsaafii, ashkarallee irra heddommaata ,waan Rabbiifii malaaykan isaan wajji jirtuuf ,ormi kuffaaraa azaabni nuun sodaachiftu yoom dhufa je'ee nabi Muhammad gaafannaan Rabbiin Nabi Muhammadiin akki je'e.

قُلۡ إِنۡ أَدۡرِيٓ أَقَرِيبٞ مَّا تُوعَدُونَ

*An ,hin beekhu,azaabni Rabbiin isinii qopheyse dhiyo'otti isinitti dhufa moo,

أَمۡ يَجۡعَلُ لَهُۥ رَبِّيٓ أَمَدًا ﴿٢٥﴾

25}*Takkaa isinirraa Rabbiin achi fageessaa hin beekhu,sun waan Rabbiin waa hunda uume qofti beekhuu ji'iin.

عَٰلِمُ ٱلۡغَيۡبِ فَلَا يُظۡهِرُ عَلَىٰ غَيۡبِهِۦٓ أَحَدًا ﴿٢٦﴾

26}*Rabbiin kan waan argaa namarraa fagaate, kan, mala, namarraa ,dhokhate, hunda ,beekhu,waan akkasii san nam tokk-ollee hin agarsiisu,takkaan beysisu.

إِلَّا مَنِ ٱرۡتَضَىٰ مِن رَّسُولٖ

*Nama ifii beysisuu fedhe malee, ergamoota Isarraa Rabbiin abbaa fedhe ergamoota isarraa waan dhufaa taa'u agarsi isa, takkaa beysisa,

فَإِنَّهُۥ يَسۡلُكُ مِنۢ بَيۡنِ يَدَيۡهِ وَمِنۡ خَلۡفِهِۦ رَصَدٗا ﴿٢٧﴾

27}*Rabbiin,ergamaa ,isaa malaaykaa, jinni'irraa, isa, eeydu, tan waan Rabbiin isa barsiise irraanfatuu isa dhoowwitu, duraa duuba isaa kaaya.

لِّيَعۡلَمَ أَن قَدۡ أَبۡلَغُواْ رِسَٰلَٰتِ رَبِّهِمۡ

*Wanni Rabbiin san dalageef, takkaa malaaykaa duraa duuba ergamootaa kaayef ,akka ergamoonni isaa waan Rabbiin ergeen ummatatti geessan beekuu isaa, namaa mul'isu'uu jecha,

وَأَحَاطَ بِمَا لَدَيۡهِمۡ

*Rabbiin waan ergamoonni isaa itti jiru hunda beekhee jira,

وَأَحۡصَىٰ كُلَّ شَيۡءٍ عَدَدَۢا ﴿٢٨﴾

28}*Rabbiin waa hunda lakkooysan hanga isiin taate beekhee jira,isaatu uumee isaatu waan isiin taatefii, hanga isiin taatellee beekha, tanaaf jecha waan ergamoonni isaa dalage hunda beekha, akkuma nama isaanitti amaneefii, warra isaanitti kafare hunda addaan beekhu, hundaafuu akka maluun galata yookaa jazaa galcha.